
Biiroo Barnoota Bul.Magaalaa Finfinneetti

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 2ffaa Kan Semisteera 2ffaa



Barannoo 22

BOQONNAA 20

Tokkeen Maali?

Taphoota Ijoollee

Kaayyoo barannichaa

Barannoo kana booda

- **Taphoota adda addaa ni shaakaltu.**
- **Taphni ijoollee gareef dhuunfaan taphatamuu isaa ni himtu.**

Shaakala

Gaaffilee Armaan irratti mari’adhaa.

1.Naannoo keessan taphoota akkamiitu jira?

2.waa’ee tapha beektanii walitti himaa.

Maalummaa Tapha Ijoollee

- **Taphni ijoollee gosa afoolaat.**
- **Afaaniif gochaan dhalootatti darbaa dhufe.**
- **Garee fi dhuunfaan taphatamuu danda’a.**
- **Taphni ijoollee irra caalaa baadiyyaatti beekama.**

Gosoota Tapha Ijoollee

Taphni ijoollee gosoota adda addaatu jira;

Isaan keessaa muraasni;

- **Takkooyyee**
- **Wal’aansoo sasalphaa**
- **Hattuu fi poolisii**
- **Tokkeen maali?**
- **Saddeeqa**
- **Dhokachoo**

Tokkeen Maali?

Ofga’aa fi amartiin yommuu taphatan haa ilaallu.

Ofga’aa : Tokkeen maali?

Amartii : Tokkeen tokkittuma.

Ofga’aa : Lama maali?

Amartii : Lamaan mucha Re’ee,tokkeen tokkittuma.

Ofga’aa : Sadii maali?

Amartii : Sadan sunsummanii,lamaan mucha re’ee,tokkeen tokkittuma.

1 2 3

…itti fufa…

Ofga’aa : Afur maali?

Amartii : Afran mucha sa’aa,sadan sunsummanii,

lamaan mucha re’ee,tokkeen tokkittuma. 4

Ofga’aa : Shan maali?

Amartii : Shanan quba harkaa,afran mucha sa’aa,

sadan sunsummanii,lamaan mucha re’ee, 5

tokkeen tokkittuma.

…itti fufa…

Ofga’aa : Ja’a maali?

Amartii : Ja’an jabbii qaraxaa,shanan quba harkaa,

arfan mucha sa’aa,sadan sunsummanii,

lamaan mucha re’ee,tokkeen tokkittuma.

Ofga’aa : Torba maali?

Amartii : Torban naannoo sanbataa,ja’an jabbii qaraxaa,shanan qubaharkaa,arfan mucha sa’aa.sadan sunsummanii,lamaan mucha re’ee,

tokkeen tokkittuma.

…itti fufa…

Ofga’aa : Saddeet maali?

Amartii : Saddeettan dhala leencaa,torban naannoo sanbataa,

ja’an jabii qaraxaa,shanan quba harkaa,

arfan mucha sa’aa,sadan sunsummanii,

lamaan mucha re’ee,tokkeen tokkittuma.

8

…itti fufa…

Ofga’aa : Sagal maali?

Amartii : Salgan yaa’ii booranaa,saddeettan dhala leencaa,

torban naannoo sanbataa,ja’an jabbii qaraxaa,

shanan quba harkaa,arfan mucha sa’aa,

sadan sunsummanii,lamaan mucha re’ee,

tokkeen tokkittuma.

9

…itti fufa…

Ofga’aa : Kudhan maali?

Amartii : Kurnan boolla saddeeqaa,salgan yaa’ii booranaa,
saddeettan dhala leencaa,torban naannoo sanbataa,
ja’an jabbii qaraxaa,shanan quba harkaa,
arfan mucha sa’aa,sadan sunsummanii,
lamaan mucha re’ee,tokkeen tokkittuma.

10

Gocha

Lakkoofotaa Fi Jechoota Kanneen Walitti Firoomsaa.

A	B
1.Lama	A.4
2.Afur	B.2
3.Shan	C.1
4.Tokko	D.3
5. Sadii	E.5

Deebii

Lakkoofotaa Fi Jechoota Kanneen Walitti Firoomsaa.

A	B
1.Lama=B	A.4
2.Afur =A	B.2
3.Shan =E	C.1
4.Tokko =C	D.3
5. Sadii =D	E.5

Cuunfaa Barannoo

- **Walumaa galatti barannoo keenya har’aan;**
- **Taphni ijoollee afoola ta’uu,**
- **Sammuu daa’imaa dagaagsuuf ooluu isaa,**
- **Garee fi dhuunfaan taphatamuu isaa,**
- **Lakkoofsota barsiisuu isaa fi k.k.f ilaallee jirra.**

Hojii Manaa

1.Taphoota naannoo keessanitti taphataman gaafachuun

Garee fi dhuunfaan kanneen taphataman adda baasaa.

XUMURAMEERA

Vaayiresii Koroonaa Irraa Of Eegaa!!

Qoph.Yaadasaa Ittafaa

Adoolessa 2012

Finfinnee,Oromiyaa